Qabiyyeewwan Gosa Barnoota Adda Addaa Keessatti Dubbisuu Barsiisuu(Afor- 301)

Ciro 2012

Seensa

Dubbisuun adeemsa baruu barsiisuu keessatti barataafi barsiisaaf dandeettii bu'uuraa akka ta'e nibeekama. Kessattuu, dubbisuun sadarkaa jalqabaa, dubbisuu sadarkaa ol'aanaatiif bu'uura ta'uu bira darbee rakkoo baruu barsiisuu keessa jiru furuufillee ga'ee guddaa qaba.

Haaluma kanaan , yaadannoon gabaabaan bifa axeeraraatiin qophaa'e kun kaayyoolee tokkoo tokkoon boqonnaawwanii qabaniifi galma barattoonni bira ga'uu qaban bu'uura godhachuudhaani.

BOQNNAA TOKKO

1. Dubbisuu

Boqonnaan kun dhimma dubbisuu waliigalaarratti xiyyeeffata. Keessumaayyuu, qabiyyeewwan kanneen akka : kaayyoo dubbisuu, faayidaa dubbisuufi caacculee dubbisuu shanan, amaloota dubbistoota gaarii, yaad-hiddamoota dubbisuu baruufi barsiisuu ni ilaallata.

Kaayyoo Gooree

Boqonnaa kana booda kaadhimamtoonni barsiisotaa:

- ✓ Maalummaa dubbisuu ni ibsu.
- ✓ Faayidaa dubbisii ni ibsu.
- ✓ Caacculee dubbisuu ni ibsu.
- ✓ Amaloota dubbistoota gaarii ni dinqisiifatu.
- ✓ Yaad-hiddamoota dubbisiuu baruufi barsiisuu addaddaa wal- bira qabuun nidorgomsiisu.
- ✓ Yaad-hiddamoota dubbisuu baruufi barsiisuuf oolan qabiyyeen dubbisuu barsiisuu keessatti ni ibsu.

1.1. Maalummaa dubbisuu

- ☞ Dubbisuun adeemsa si'ataa mallattoo bareeffame hubachuuti
- ☞ Adeemsa yaaduufi yaadachuuti.
- ☞ Dubbistootni milkaa'oon maal akka dubbisaniifi yoom akka dubbisan ni beeku;;
- ☞ Yeroo ergaan waan dubbisanii jalaa miliquuf jedhu, tarsiimolee dubbisuu kannen akka: irra deebi'anii dubbisuu ykn gaaffii of gaafachuun hiika waan dubbisanii sanaa argachuuf yaalu.

1.2. Faayidaa Dubbisuu

Dubbisuun daree barnoota ammayyaa keessatti waan lamarratti xiyyeeffata. Kanneenis:

a. Bashannanaaf dubbisuufi

b. Barumsaaf dubbisuudha.

- ✓ Dubbisni bashannanaaf dubbisuu, barnoota sad.ol-aanaa keessatti barattootni carraa dandeettii dubbisuu sad.1ffaatti qaban fooyyessuufillee isaan gargaara. Keessumaayyuu, gahumsaafi hubannoosaanii gabbisuuf faayidaa guddaa qaba.
- ✓ Dubbisni barnootaaf dubbisamu akaakuuwwan barnootaa hundaa barachuuf kan gargaarudha.

1.3. Caacculee Dubbisuu Shanan

Dubbisni milkaa'aa ta'e caacculee barbaachisoo ta'an shan qaba. Isaanis:

1. **Hubannoo Dhamsagaa (Sagalee Dubbii)**

- ☞ Dandeettii af-dubbii kan ilaallatuudha .
- ☞ Sagaleewwan dubbii jecha tokko keessa jiran kophaa kophaatti yaadatanii sagaleessuu,
- ☞ walitti qabanii sagaleessuu (dubbachuu) danda'uu ilaallata.
- ☞ Dandeettii jechoota sagaleetti qoqqooduufi sagaleessuu,
- ☞ Sagaleewwan qoqqoodaman walitti makuufi dubbachuu,
- ☞ Sagalee jechoota keessatti dabaluu, haquufi bakka buusuu hammata.
- ☞ Hubannoon dhamsagaa dubbistoota jalqabaatiif bu'uurumaan (hundeedhaan) barachuun isaan barbaachisa.

Shaakala.1

1.Jecha 'Mala' jedhu keessatti sagaleen jalqabaa maali?"
2. Sagalee /m/ /a/ /n/ /a/ yoo walitti maktan jecha maal jedhu argattu?
3. Jecha 'mala' jedhu keessatti sagalee /m/ sagalee /f/n yoo bakka buuftan jecha maal jedhu argattu?

2. Hubannoo Sagalee Dubbiifi Qubee

- ☞ Dandeettii sagaleefi mallattoo (qubee) walitti fiduuti.
- ☞ Qubeewwan mallattoolee barreeffama keessatti sagaleewwan dubbii kan bakka bu'aniidha,
- ☞ Jechootni qindoomina qubeewwan sagaleewwan bakka bu'anii barreeffamaniin agarsiifamu.
- ☞ Caaccuun kun jecha tokko al-tokkotti dubbisuufi barreessuuf gargaara.
- ☞ Walitti dhufeenya qubeefi sagalee barsiisuun daa'imman qubee/jecha barreeffame akka adda baafatanii dubbisaniif ni gargaara.

3. Gahumsaan Dubbisuu

- ✓ Gahumsi dandeettii **saffisaa, sirrummaafi ibsa waliin** maqaa qubeewwanii, jechootaa, gaaleewwanii, himootaafi barreeffamootaa waamuu
- ✓ Gahumsi, caaccuu dubbisuufi hubachuuf baay'ee barbaachisaa ta'edha.
- ✓ Daa'imni saffisaan/ariitiin jechoota walitti qindeessuudhaan gara gaalee hiika qabeessatti jijjiiruu danda'uu qaba.
- ✓ Dubbisaan gahumsaan dubbisu, dogoggora malee saffisaan hiika waan dubbisee fudhachuu ni danda'a.

4. Fayyadama Jechootaa

- ✓ Beekumsa **hiika jechootaa**, dubbiifi barreeffama keessatti qabaachuufi fayyadamuu ilaallata. Fayyadamni jechaa furtuu **ergaa waan dubbifamuuti**.
- ✓ Beekumsa fayyadama jechootaa baay'ee qabaachuun hiika waan dubbifamuu salphaatti hubachuuf ni gargaara.
- ✓ Beekumsa fayyadama jechootaa cimaa qabaachuun waan dubbifame hubachuuf, akkasumas, jecha hiikasaa hin beeknellee fuulcha kennuu ni dandeessisa.

5.Hubannoon Dhaggeeffachuufi Dubbisuu

- ➢ Dandeettii **hiika wanta dubbatameefi barreeffamee** (jechoota, gaaleewwan, himoota, keeyyattootaa) argachuuti.
- ➢ Hubannoon galma dubbisuu isa murteessaadha.
- ➢ Hubannoon adeemsa si'aawaa tooftaalee kanneen akka: beekumsa duraaniifi muuxannoo, fayyadama jechootaa, fuulchaafi cuunfaa qopheessuu gargaaramuun kut-barruu keessaa hiika fudhachuuti.

1.4 Amala Dubbistoota Gaarii

- Dubbistootni gaariin dubbistoota si'aawoodha.
- Kut-barruu dubbisuuf jedhan utuu hin dubbisiin dursanii irra keessa isaa ilaaluu
- Maaltu akka dhufu dursanii tilmaamu,
- Hiika wanta dubbisanii ilaalshisee yaada ni gurmeessu, keessa deebi'u, akkasumas, gaaffii of gaafatu
- Beekumsa duraan qaban kut-barruu dubbisan waliin dorgomsiisuufi wal qabsiisuun hubatu.
- Dubbisa addaddaa haala addaddaatiin ni dubbisu.

1.5. Yaad-hiddamoota Baruufi Barsiisuu Dubbisuu Barsiisuuf Oolan

1.5.1. Yaad-hiddama hawwasaa

- ☞ Barachuun adeemsa yad-sammuu (cognive) hawaasa keessatti daawwachuun ykn kallattiin barachuun kan uumamudha;
- ☞ Barachuun badhaasa ykn adabbii ilaaluuniifi adeemsa onnachiisa addaaddaarraa kan argamudha.
- ☞ Yaad-hiddamichi Yaad-hiddama Amaleessitootaarraa madde.
- ☞ Amaleeffannan immoo onnachiisuun babal'ata.

Yaad-hiddama hawaasaa keessatti barachuu yaadolee gurguddoo sadii of keessaa qaba. Kanneenis:

I. Barattootni daawwannaadhaan barachuu ni danda'u

Moodaloota Albart Baanduraa sadeen. Daawwannaan Barachuu

Moodeela jiraataa; innis agarsiisa qabatamaan barsiisaan agarsiisu/amala raawwiin mul'atu hammata.
Moodeela qajeelfamaa; Baruufi barsiisuu afaanii keessatti amala ibsuufi addeessuu of keessaa qaba.
Moodela bakka bu'aa; amala dhugaafi kalaqaa kitaabolee, fiilmii, sagantaa televizyiinii ykn toora interneetii keessatti agarsiifaman hammata.

II. Yaadni sammuu barachuudhaaf faayidaa qabeessa

- ☞ Akka Baanduraan ibsutti, onnachiisni keessaa akka kennaa (badhaasa) keessatti : **ofitti amanamummaa, gammaddu** (**ofitti quufuu**), injifachuu amala barachuu keessati ni fayyadu.
- ☞ Xiyyeeffannoon karaa kana jiru yaad-hiddama barachuu yaad-hiddama dagaagina yaad-sammuu wajjin walqabsiisuuf gargaara

III. Barnootni dirqama jijjiirama amalaa fida jedhamee hin yaadamu

- ☞ Daawwannaan barachuun, barattootni amala haarawa utuu hin agarsiisin odeeffannoo haarawa barachuu kan danda'an ta'uu agarsiisa.
- ☞ Kitaaboleen barnootaa hedduun yaad-hiddamoota hawaasa keesatti barachuufi yaad-hiddamoota amaleessitootaa walitti makanii qabatan.

Tartiibni armaan gadii daawwannaan barachuufi adeemsa moodeleessuu keessatti hammatamu

Xiyyeeffannoo- Wanti xiyyeeffannoo kee hatu tokko yoo jiraate, daawwannaan barachuuf yaalii ati taasisturratti dhiibbaa hi'intaata'e qaqqabsiisa.

Yaadachuu(Retention) Dandeettii odeeffannoo kuufachuu gabbifachuun daawwannaan barachuuf ni gargaara.

Burqisiisuu (Reproduction) Al- tokko moodela tokkorratti xiyyeeffatanii odeeffannoo turfachuun amala hubatan raawwachuudha.

Sissi'eessa (Motivation) Xumurarratti, daawwannaadhaan barachuun akka milkaa'uuf, amala moodeleeffamee ture sana akkeessuuf sissi'eeffamuun barbaachisaadha.

1.5.2. **Xiinsammuu yaad-sammuu (Cognitive psychology)**

- ☞ Xiinsammuun yaad-sammuu damee xiinsammuuti.
- ☞ Karaa namootni odeeffannoo ittiin funaannatanirratti xiyyeeffata.
- ☞ Adeemsa odeeffannoon itti fudhatamuufi akkaataa odeeffannoon ittiin keessuummeeffamee deebiin itti kennamu ilaallata.

1.5.3. Kallattiin/Ifatti Barsiisuu

- ☞ Kallattiin barsiisuun, filannoo loojikaawaa ta'erratti hundaa'uun, qabiyyee barnootaa gargar hiruun, tartiibessuuf gargaara
- ☞ waan barbaachisu akka raawwatu deggersa qajeelfamootaa wajjin walitti hidhate kennuuf gargaara.
- ☞ Dubbisuu baruufi barsiisuun, dandeettii ibsaafi agarsiisa ifa ta'erratti hundaa'e ta'ee kanneen akka kut-barruu tilmaamuu, gaaffii burqisiisuu, dhugoomsuufi walitti qabuu hammata

Dhunfaan Hojjadhu

1	Dubbistoonni milkaa'oon amala akkam qabu?
2	Caaccuuleen shanan dubbisuu maal fa'i?

3	Moodeela jiraataafi moodeela bakka bu'aa jidduu garaa garummaa jiru ibsi
4	Dubbistoonni gaariin amala akkam qabu?

Boqonnaa Lama

2.Qabiyyee Barnootaa Adda Addaa Dubbisuu (Dubbarree Barnootaa)

Kaayyoo boqonnichaa:

Barattootni dhuma boqonnaa kanaatti:

- Maalummaa dandeettii dubbarree nihiiku
- Faayidaa dandeettii dubbisuu akaakuuwwan barnootaa biroo keessatti barsiisuun qabu ni'ibsu
- Sadarkaalee dagaagina dandeettii dubbarree adda baafatu
- Qajeeltoowwan dandeettii dubbarree cuunfuun nihubatu
- Adeemsota dandeettiin dubbarree ittiin barsiifamu nimoodeleessu

2.1 Maalummaa Dandeettii Dubbisuu Barnoota Adda Addaa Keessatti (Dubbarree Barnootaa)

- ☞ Dandeettii dubbisuu akaakuuwwan barnootaa biroo keessatti barsiisuu kan barattootni gosa barnootaa tokko dubbisanii hubachuu akka danda'an gargaaruu jechuudha.
- ☞ Xiyyeeffannoon isaa dandeettii dubbisuu qofa osoo hintaanee kanneen hafanis kan akka barreessuu, dhaggeeffachuufi dubbachuus nidabalata.
- ☞ Hiikni isaas akaakuu barnootaa tokko dandeettiiwwan dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu gargaaramanii beekumsa irratti xiyyeeffatame barachuudha.
- ☞ Kunis jecha biraadhaan ***dubbarree barnootaa*** jedhamee beekama

Dandeettiin akaakuuwwan barnootaa gara garaa dubbisuu barsiisuun faayidaalee adda addaa qaba. Isaan keessaa muraasni:

- Barattootni leecalloowwan dubbisuu fedhaniifi dubbisuu qaban akka argatan taasisa.
- Barattootni yaad rimeewwan walxaxoo ta'an dubbisuuf tarsiimolee barbaachoo akka horataniif gargaara
- Barattootni hanqina ofii adda baafatanii deggersa barbaachisu akka argataniif gargaara.
- Barattootni dubbisuu barachuu irratti rakkoo qaban barsiisota isaan gargaaran argatu.
- Barsiisotni garaa garummaa dandeettii dubbisuu barattoota gidduu jiru hubatanii akkaataa adda addummaa isaaniitti gargaaruu danda'u.

2.3. Dagaagina Dandeettii Dubbarree

- Dubbarreen dandeettii ergaa karaa barreeffamaa, dubbiifi miidiyaadhaan darbu dubbisuu, hubachuufi xiyyeeffannoodhaan xiinxaluu hammata.

2.4 Gulantaalee Dagaagina Dubbarree Gulantaalee sadiitu jira. Isaaniis:

☞ *Dubbarree bu'uuraa, dubbarree sadarkaa giddu galeessaafi dubbarree akaakuu barnootaa bu'uureffate jedhamanii beekamu.*

2.4.1.Dubbarree Bu'uuraa

Gulantaa kanatti dandeettii bu'uuraa kan sagalee qubeewwanii walitti makuun dubbisuufi jechoota irra deddeebii olaanaa qabaachuun waantota dubbisnu hedduu keessatti nuquunnaman beekuudha.

2.4.2. Dubbarree Sadarkaa Giddu-galeessaa

Dandeettii dubbarree kan dubbisa adda addaa keessatti gargaaramnu, fakkeenyaaf tarsiimolee hubannoo, jechoota muummeewwan barnootaa adda addaa keessatti beekamaniifi ga'umsa dubbisuu hammata.

2.4.3. Dubbarree Akaakuu Barnootaa Bu'uureffate

Dandeettiin dubbarree gulantaa kanaa kallattiidhaan seenaa, herrega, ogbarruu ykn saayinsii barnoota of danda'e irratti xiyyeeffata.Amala qabiyyee ogummichaa of keessaa qaba. Tarsiimoo dubbisanii hubachuu kan mataa isaanii qabu.

Shaakala-2

1. Barattootni fedhii dubbisuu akka horataniif ga'ee kan taphatan maal fa'i?
2. Waantati fedhii dubbisuu barattootaa maksuu danda'aniwoo?
3. Dagaagina dandeettii dubbarree barattootaa tumsuuf kallattiidhaan dirqama kan qabu eenyudha?
4. Ga'een maatiin dandeettii dubbisuu ijoollee isaanii akka dabaluuf ba'uu qaban maal fa'i?

2.5. Waantota Dagaagina Dandeettii Dubbarreetiif Tumsan

- *Hawwaas-diinagdee maatii-*
- *Daa'imman utuu mana barnootaa idilee hingalin deggersa maatiin godhu*
- *Manaafi naannoo jireenyaatti aadaa dubbisuu jajjabeessuu*
- *Mana barumsaa isaaniitti dubbisuu*

2.6.1. Qajeelchoowwan Dubbarree Barnootaa

Qajeelchoo 1.*Beekumsi baratamu kamiyyuu itti yaaduufi xiinxaluu wajjin baratamuu qaba.*

Qajeelchoo 2.*Barachuun waan baratamu hojiidhaan agarsiisuudha*

Qajeelchoo 3.*Barsiisotni barattoota qajeelchuufi gorsuu qabu*.

Qajeelchoo 4.*Madaaluufi barsiisuun waliif kan tumsan ta'uu qabu*.

Qajeelchoo 5.*Gochaalee daree barnootaa keessaa barattooti qaxalee akka ta'aniif ga'ee qaba*

Dhunfaan Hojjadhu

1	Dubbarree jechuun maal jechuudha?
2	Dandeettiin dubbarree barattootaa akkamitti dagaaga?
3	Gosa barnoota adda addaa keessatti dubbarreen maaliif barsiifama?
4	Gulantaaleen dagaagina dubbarree maal fa'i?

Boqonnaa Sadii

3. Fayyadama Jechootaa Qabiyyee Barnoota Adda Addaa Keessatti

Kaayyoo Boqonnichaa:

Xumura boqonnaa kanaatti, kaadhimamtoonni barsiisotaa:

- Qabiyyerratti hundaa'uun jechoota ni ijaaru
- Qajeelfamootarratti hundaa'uun haala ittiin jechoota gabbisan ni ibsu
- Akkataa sadarkaa isaaniitti jechoota ni qoqqoodu
- Sadarkaalee adda addaarratti hundaa'uun tooftaalee jechoota barsiisuu filachuu ni gabbifatu
- Tooftaa jechoota barsiisuu manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaatti hojiirra ni oolchu

3.1. Jechoota Qabiyyee Barnoota Adda Addaa Gabbisuu

Barattoonni qabiyyeerratti hundaa'uun hiika jechootaa argachuun, fayyadama jechootaaf hubannoo qabaachuu isaaniirratti hundaa'a.

☎ ***Faayidaan Beekumsa itti fayyadama jechootaa:***
- ☞ Hubannoo waliigalaa waliin walqabate jiraachuu isaati.
- ☞ Qabiyyeerratti hundaa'uun, barattoonni kitaabilee dubbisan seeraan itti fayyadamu
- ☞ Barreeffamoota adda addaa walxaxoo ta'an akka hubataniif gargaara.
- ☞ Dhimma kanarratti beekumsa gahaa argachuun barattootaa beekumsa haaraa akka argataniifi beekumsa dudduubee qaban waliin akka wal simsiisaniif isaan gargaara.

3.1.1. Qajeelfamoota Qabiyyeerratti Hundaa'uun Itti Fayyadama Jechootaa Dagaagsan

Qajeelfama 1. *Naannoo barnootaa waliin dubbiifi barreeffamaan guutaman qabaadhu*

Qajeelfama 2. *Jechoota adda addaa karaa adda addaa fayyadamuu* (fakkeenya asii gadii ilaali).

Dhiheessa hiikaa: dhiheessi kun kan barsiisaan ariitiin hiika itti kennu yookaan jechoota haaraaf hiika walitti siqu dubbisaan dura yookaan dubbisaan booda kennuu ilaallata.

Dhiheessa galmaa; barattoonni haala galma jecha haaraa sanarratti hundaa'uun hiika isaa akka tilmaaman kan taasiamudha.

Dhiheessa dagaagina yaadaa; dhiheessi kun barattoonni hubannoo yaada muraasaa qabaatanii isarratti hundaa'uun hiika jecha haaraa akka yaadan kan kakaasuudha. Dhiheessa kana keessatti, barnoonni kan xiyyeeffatu yaada barataa dagaagsuufi waan barattoonni duraan beekan irratti hundaa'uun ga'umsa jechootaa dagaagsu irratti dha.

Dhiheessa jecha ofeegganoo: dhiheessi kun fedhii barattootaa argachuuf haala mijataa daree keessaaf jechoota gargaaran filuun kan itti fayyadamanidha. Dhiheessi jechoota ofeegganoo kun kan dhihaatu jechoota daree kan barattoota kakaasuufi fedhii keessatti uumu akka fakkeenyaatti dursa barsiisaan dhiheessuun ta'a.

Qajeelfama 3: *Jechoota hedduutti baay'inaan akka saaxilaman gochuufi akka itti fayyadamaniif carraalee bal'aa dhiyeessuu.*

Qajeelfama 4 *Barattoonni ofdandaa'anii jechoota akka barataniif jajjabeessuu, dandeettii yaaad-sammuu isaaniin barsiisaa deemuufi tooftaa itti fayyadama jechootaa adda addaan agarsiisuu*

☎ **Tooftaalee Fayyadama Jechootaa Barsiisuuf Oolan**

- ✓ **Gabateewwan Tartiiba Qubeewwanii**
  Tooftaan kun tartiiba qubeewwan Afaan Oromoo Soddomii sadan(33) yaad-rimeewwan faayidaa qabeeyyii ta'an galmeessuuf kan gargaarudha.
- ✓ **Jecha Gaafachuu**
  Tooftaan kun tooftaa fayyadama jechootaa barsiisuufi bilchinaan yaaduu dagaagsuudha.
- ✓ **Toora Naquu:**
  Tooftaan kun, "Hanga/ baay'ina wantootaa karaa mul'atuun bakka buusuu ta'ee jechoota hariiroo qaban gidduutti sadaarkaalee jiru karaa itti mul'isaniidha"
- ✓ **Muummeewwan Waliif Faallaa**: Tooftaan kun tooftaa toora naquu wajjin tooftaa walitti dhufeenya/ obbolummaa dhiyoo qabudha jedhama.
- ✓ **Barreeffamoota Ibsaafi Seenessaaf Gareewwan(Gosoota) Jechootaa**
  Tooftaan kun tooftaa sadarkaalee gochoota dubbisuu gara garaa- dubbisuun dura, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodatti kan raawwatamudha. Barsiisaan seeneffamicha keessaa jechootaafi gaaleewwan faayidaa qabeeyyii ta'an kaardiiwwan agarsiistuurratti walitti qaba.

Dhunfaan Hojjadhu

1	Faayidaan beekumsa itti fayyadama jechootaa qabaachuu maali?
2	Dandeettiin beekumsa itti fayyadama jechootaa akkamiin gabbata?
3	Garaagarummaa dhiheessa hiikaafi dhiheessa galmaa jidduu jiru ibsi
4	Jechoota haaraa barsiisuuf tooftaa akkam fayyadamuu qabna?

Boqonnaa 4: Tarsiimoolee Dubbisa Hubannoo Qabiyyee Barnootaa Keessatti Barsiisuu

Kaayyoo Boqonnichaa:

Xumura boqonnaa kanaatti, kaadhimamtoonni barsiisotaa:

- ☞ Gosoota barreeffamaa adda nibaafatu
- ☞ Barreeffamni seenessaa kan akkam akka tahe nihubatu
- ☞ Barreeffamni I bsaa akkam akka tahe nihubatu
- ☞ Garaagarummaa Gosoota barreeffamaa nitarreessu

4.1 Gosoota Barreeffamaa Barsiisuu

Qindoominni barreeffamaa mata-duree guddaa, mata-duree xixiqqaafi giraafiiwwaniif caasaa bareeffamaa of keessatti hammata. Caasaan barreeffamaa gosoota lama qaba: **Seenessaafi Ibsaa dha.**

- ❖ **Barreeffama Seenessaa**: Durdurii, kitaabilee, asoosamaa, walaloowwan, seenaa dhuunfaafi seenessaa seenawaa hammata. Fakkeenyaaf, Kan akka seenaa **Bakar Waaree**, **Elemoo qilxuu,** Oduu durii **Qamaleefi Leencaa,** Sangootaa Sadeeniifi Waraabessaa hammata.

Seenessuu keessatti caacuulee furtuun-

- **Yoomessaa**: Seenaan sun yoomii fi eessatti akka raawwatame kan ibsu dha
- **Qooddatootaa:** Namoonni, wantonni seenaa sana raawwatan eenyu fa'i.
- **Jaargochaa:** seenaa keessatti maaltuu godhame ykn,jibba raawwatame .
- **Yaada ijoodha ykn ergaa:** ergaan ijoo seenaa sanaa maali,barumsi irraa argamu hoo? Kan jedhu of keessaa qaba.

- ❖ **Barreeffama Ibsaa:** Kitaabota miti-asoosamaa, barreeffamoota gaazexaa, barreeffamoota qorannoo interneetiirraa, kitaabilee barnootaa, beeksisootaafi k.k.f hammata.

Sadarkaalee adeemsaa- Fakk. Malleen saayinsii, faalama, manca'iinsa bosonaa, lolaa

a.Tartiiba Qindoominaa- Barreeffama ibsaa keessattii jalqaba maaltuu raawwate? Itti aansuun hoo maaltu ta'e? kana boodaa hoo? Jechuudhaan tartiibaa duraa duubaa eeguun barreeffama ijaaramuudha.

b. Walbira qabuufi wal madaalsisuu- saayinsii keessatti wantoota lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii faa walbira qabuun dhiheessuu.

c. Walitti dhufeenya taateefi bu'aa- fkf baay'ina uummataafi guddina diinagdee/dabaliinsa o'iinsa addunyaa.

d. Amansiisuu :Bareessaan yaada tokkoo mormuun yaadi inni tokko akka fudhatamuuf, sababoota adda addaa, yaada amanisiisuufi ragaa adda addaa dhiyeesuun akka fudhatamu gochuudha.

4.2. Tarsiimoolee Qabiyyeewwan Barnootaa Dubbisanii Hubachuuf Gagaaran

☺ Hiika dubbisaan qabiyyeef kennu murteessuuf qaamonni sadeen armaan gadii waliin hojjetu.

- ☞ *Dubbisaafi muuxannoo inni/isheen duraan qabu/du*
- ☞ *Haala qabatamaa dubbissuun itti raawwatamu*
- ☞ *Amala barreeffamichaa*

Dubbisa Dura

- Barattoonni yeroo dubbisuuf deeman sana akka hubatanuuf beekumsi duraan isaan qaban akka isaan gargaaru hubatu
- Caasaa barreeffamichaa hubachuu- Qindoomina barreeffamichaa hubachuun dubbisa hubachuuf ga'ee qaba.
- Kaayyoo dubbisichaa kaa'uuf
- Qabiyyee barreeffamichaa tilmaamuu- tooftaan kun akka barattoonni bareeffamicha dubbisuurratti hirmaataniif isaan affeera.
- Keessa deebi'uufi jechoota haaraa ibsuuf

Yeroo Dubbisaa

- ✓ Tokko tokkoo kutaa dubbisichaaf kaayyoo qopheessuu
- ✓ Of-hooggannun dubbisuu. Fkn. Tooftaa of duuba deebi'uu, irra deebi'uun dubbisuu, tooftalee murteessuu
  Cuunfaa barreessuu
- ✓ Mirkaneeffachuu - tilmaama isaanii duraa dhugoomsatu
- ✓ Yaada ijoo ta'e adda baasuufi ibsuu
- ✓ Gaaffii gaafachuu- waan dubbisanii hin galleef gaafatu.

Dubbisa Booda

- Kaayyoon dubbisichaa galma ga'uusaa madaalu
- Odeeffannoo baayee barbaachisoo jecha ofiin ibsu
- Yaadolee callaafi ijoo adda baasuu
- Yaadolee waldorgomsisuu
- Yaadolee walitti hidhuu

1	Seenaa gabaabaafi salphaa ta'e tokkoo dubbisuun caaccuulee isaa ibsi
2	Seenaa dubbiste sana kaartaa (giraafiin) agarsiisi
3	Seenaa beektu tokko tartiibaan barreessi

- Yaada ijoo barbaaduu, cuunfaa qopheessuufi xumurarra ga'uu
- Xinxaluu- seerlugaafi caaseffama seenichaa madaaluu

Qorumsa Barnoota Afaan Oromoo"Qabiyyeewwan Gosa Barnoota Adda Addaa keessatti Dubbisuu Barsiisuu'' (Afor 301. Bara.2012)

I. ***Gaaffilee asii gaditti dhihaatan kan sirrii ta'e , "dhugaa" kan dogoggora ta'e "soba" jechuun bakka deebiif qophaa'e irratti barreessi.***

1. Dubbisuun adeemsa mallattoo barreeffame hubachuu qofaa miti.
2. Dubbistoonni milkaa'oon ergaa tokko fudhachuuf maal akka dubbisaniifi yoom akka dubbisan beekuun dirqamaa miti.
3. Hubannoon sagalee dubbiifi qubee dandeettii af-dubbii ilaallata.
4. Beekumsa fayyadama jechaa cimaa qabaachuun jecha hiikaa isaa hinbeeknellee daa'imman akka tilmaaman nigargaara.
5. Dandeettiin dubbarree odeeffannoo karaa barreeffamaatiin darbe dubbisanii hubachuu qofarratti xiyyeeffata.
6. Barattoonni qabiyyeerratti hundaa'uun hiikaa jechaa argachuun, fayyadama jechootaaf hubannoo gadi fageenyaa qabaachuu isaanirratti hundaa'a.
7. Beekomsi itti fayyadama jechootaa waliigalaa kan dagaagu karaa salphaa ta'eefi akka tasaa afaanitti fayyadamuudhaani.
8. Jechoonni baayyeen barattoota mudatan kallattii garagaraan hiikamanillee rakkoo barachuurratti barattoota mudatuuf furmaata ta'uu hindanda'an.
9. Qabiyyeerratti hundaa'uun hiikaa jechaa hubachuun barattoonni yeroo gabaabaa keessatti jettoota baayyee akka baratan nigargaara.
10. Yaadiddamni yaadsammuu dagaaginni dandeettii dubbarree jalqabaa hubannoo sagalee dubbiirraa eegaluu qaba jedha.

II . Gaaffilee roga "A" jala jiran kanneen roga "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

A	**B**
11.yaada waan daawwatamu qofarratti oolchuu	A. Burqisiisuu
12. Odeeffannoo kuufachuu	B.Daawwannaa
13.Amala moodeeleeffame akkeessuu	C. Xiyyeefannoo
14. Amala baratame shaakaluu	D.Yaadachuu
15. Odeeffannoo haaraa argachuu	E. Sissi'eessuu

III. Gaaffilee asii gadiitiif qubee deebii sirrii bira jiru filachuun bakka duwwaa deebiif qophaa'e irratti guuti.(Qubee gurguddaa fayyadami).

16.Baruufi barsiisuu afaanii keessatti amala ibsuufi addeessuu moodeelli of keessaa qabu ;

A. moodeela jiraataa B. moodeela qajeelfamaa C. moodeela bakka bu'aa D. hundi deebiidha.

17.Filannoo loojikawaa ta'erratti hundaa'uun qabiyyee barnootaa gargar hiranii barsiisuun;

A. Ifatti barsiisuu B. Daawwannaan barsiisuu C. Moodeelaan barsiisuu. D. hundi deebiidha.

18.Kanneen armaan gadii keessaa caaccuulee dubbisuu kan hintaane isa kami ?

A. hubannoo xiinsagaa B. hubannoo dhamjechaa C. hubannoo birsagaa D. hundi deebiidha.

19. Kanneen armaan gadii keessaa amala dubbistoota gaarii kan hintaane isa kami ? A. si'aa'oodha

B. beekumsa duraan qaban fayyadamu C. dursanii waan dhufu tilmaamu D. deebii hinqabu.

20.Dandeettiin waan dubbatameefi waan barreeffame hubachuudhaa; A. hubannoo dhamsagaa

B. hubannoo dhamjechaa C.hubannoon dhaggeeffachuufi dubbisuu D. hubannoo birsagaa

E. hundi deebiidha

21. Kanneen armaan gadii keessaa dandeettii dubbarree keessatti kan hin hammatamne isa kami?

A. dubbisuu B. barreessuu C. dubbachuu D. dhaggeeffachuu E. deebii hinqabu

22. Kanneen armaan gadii keessaa daawwannaan barachuuf adeemsa moodeleessuu keessatti

kan hin hammatamne isa kami? A. burqisiisuu B. onnachiisuu C. yaadachuu D. deebii hinqabu.

23. Kanneen armaan gadii keessaa hiikaa dubbisaan qabiyyeef kennu murteessuuf kan hingargaarre isa

kami? A. Dubbisaafi muuxannoo inni duraan qabu B. Haala qabatamaa dubbisuun itti raawwatu

C. Amala barreeffamichaa D. Hundi deebiidha E. Deebii hinqabu

24. Kanneen armaan gadii keessaa gocha barataan **yeroo dubbisutti** raawwatu kan agarsiisu isa kami?

A.Cuunfaa barreessuu B.Gaaffii gaafachuu C. Qabiyyee barreeffamichaa tilmaamuu D. A fi Bn deebiidha

25. Kanneen armaan gadii keessaa gocha barataan **dubbisaan booda** raawwatu kan agarsiisu isa kami?

A. Qabiyyee barreeffamichaa tilmaamuu B.Yaadolee walitti hidhuu C.Yaada ijoo adda baasuu

D. B fi Cn deebiidha

26. Kanneen armaan gadii keessaa gosa barreeffama **seenessaa** keessatti kan hin ramadamne isa kami?

A. Asoosama B. Kitaabilee wabii C. Walaloo .D. Deebii hinqabu

27. Jechoonni mana barnootaa keessatti kallattiin barsiifamuu qaban; A. Jechoota bu'uraa B. Jechoot

irra deddeebii olaanaa qaban C. Jechoota dubbisa teeknikaa D. A fi B n deebiidha.

28. Jechootni akka 'sagalee dubbii', 'bo'oo walaloo' fi 'atom' kan ramadaman; A. Jechoota bu'uraa

B Jechoota irra deddeebii olaanaa qaban C. Jechoota dubbisa teeknikaa D.Hundi deebiidha

29. Jechoota hariiroo qaban giddutti sadarkaalee jiru karaan itti mul'isan ;

A. Jecha gaafachuu B. Toora naquu C. . Dhiheessa hiikaa D. Dhiheessa galmaa

30. Seenessuu keessatti caaccuuleen furtuun; A.Jaar-gocha B.Qooddattoota C.Yoomeessa D.Hundi deebiidha

31. Kanneen armaan gadii keessaa gosa barreeffama **ibsaa** kan hintaane isa kami?

A. Moojulii MT301 B. Barreeffama qorannoo C. Kitaabilee wabii . D. Gaazexaa E. Deebii hinqabu

32.Tooftaan hiika dubbisaa dursanii tilmamuu, yeroo dubbisan hiika yaaduufi erga dubbisan booda hiika mirkanaa'ee ittiin calaqqisiisan; A. Jecha gaafachuu B.Toora naquu C.Dhiheessa hiikaa D.Qajeelcha qopheessuu

33. Ga'umsaan dubbisuu,hubannoon dubbisuufi sirritti qubeessanii barreessuun kan gonfatamu; A. dubbarree bu'uraa B.dubbarree sadarkaa giddugaleessaa C.dubbarree akaakuu barnootaa D.deebii hinqabu

34. Caaccuulee dubbisa milkaawaa keessaa kan hintaane isa kami? A. hubannoo dhamsagaa B. hubannoo dhamjechaa C.hubannoon dhaggeeffachuufi dubbisuu D. hubannoo sagalee dubbifi qubee

35. Dandeettiin saffisaa, sirrummaafi ibsa waliin maqaa qubeewwanii ,jechootaafi himoota dubbisuun; A. hubannoo dhamsagaa B. hubannoo sagalee dubbiifi qubee C.gahumsaan dubbisuu D.fayyadama jechootaa .

36. Gulantaalee adeemsa dagaagina dandeettii dubbisuu kan hintaane isa kami?. A.dubbarree sadarkaa giddugaleessaa B.dubbarree akaakuu barnootaa C. dubbarree bu'uraa D.deebii hinqabu

37.Waan barattoonni duraan beekanirratti hundaa'uun ga'umsa jechootaa dagaagsuun A.dhiheessa galmaa B.dhiheessa dagaagina yaadaa C.dhiheessa jecha of-eeggannoo D.dhiheessa hiikaa

38 .Jechoota barattoota kakaasuufi fedhii keessatti uumu akk fakkeenyaatti barattootaaf dhiheessuun; A.dhiheessa galmaa B.dhiheessa dagaagina yaadaa C.dhiheessa jecha of-eeggannoo D.dhiheessa hiikaa.

39. Fayyadama jechootaa barsiisuufi bilchinaan yaaduu dagaagsuuf kan gargaaru; A.jecha gaafachuu B.dhiheessa dagaagina yaadaa C.dhiheessa jecha of-eeggannoo D.dhiheessa hiikaa

40. Jecha haaraa irratti hundaa'uun barattoonni hiikaa akka tilmaaman taasisuun; A.dhiheessa galmaa

B.dhiheessa dagaagina yaadaa C.dhiheessa jecha of-eeggannoo D.dhiheessa hiikaa

Deebii Gaaffilee

Dhugaafi soba	
1	Dhugaa
2	Soba
3	Soba
4	Dhugaa
5	Soba
6	Dhugaa
7	Dhugaa
8	Soba
9	Dhugaa
10	Dhugaa

Firoomsii	
11	C
12	D
13	A
14	E
15	B

Filannoo					
16	B	26	B	36	D
17	A	27	D	37	B
18	D	28	C	38	C
19	D	29	B	39	A
20	C	30	D	40	A
21	E	31	E		
22	B	32	D		
23	E	33	B		
24	D	34	B		
25	B	35	C		

Qabiyyeewwan Gosa Barnoota Adda Addaa Keessatti Dubbisuu Barsiisuu /Kutaa Saayinsii Uumamaa/ Afor-301

Boqonnaa Shan

5. Amaloota Dubbisa Kitaaba Gosa Barnootaa Adda addaa Keessatti

Gahumsa Barachuu Yoo Xiqqaate Gonfatamuu Qabu (GBYXGQ)

Kaadhimamaa/tuu boqonnaa kana erga barattee xumarteen booda:

- Maalummaa jechoota sadarkaa 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa addaan ni baafatta.
- Amaloota Dubbisa Kitaaba Gosa Barnootaa Adda addaa Keessatti mul'atan ni himta.
- Jechoota gosa barnoota adda addaa keessatti hojiirraa oolan ni ibsita.
- Jechoota sadarkaa sadaffaa gosa barnootaan addaan baasuun ni tarreessita.
- Kitaabilee saayinsii Uumamaa dubbisuu keessatti tooftaalee bu'aa qabeessa ta'an addaan nibaasta.
- Adeemsota dubbisa kitaabolee saayinsii Uumamaa keessattii fayyadan ni tarreessita.
- Dubbisni duraa maal akka ta'e addaan baasuun ni himta.
- Tooftaalee yoo qabiyyee tokko sirriitti hubachuun rakkisaa ta'e hordofamuu addaan ni baafatta.

5.1.Amaloota Dubbisa Kitaaba Gosa Barnootaa Adda addaa Keessatti

Jechoonni sadarkaa jalqabaa irraa kaasee hanga ol'aanaatti dubbisa saayiinsii keessatti itti fayyadamnu akka armaan gaditti haa ilaallu.

1. Jechoota sadrkaa Tokkoffaa

   Fkn: Halkan Baala

   Ho'a Nama

   Qorra Bishaan

   Mana Guyyaa

Shaakala:

- Dubbisa saayinsii uumamaa keessatti jechaata sadarkaa tokkoffaa jechuun maal jechuudha?

2. Jechoota sadarkaa lammaffaa

Fkn: Kaka'uumsa Barbaachisummaa

Hirmaannaa Qajeelfama

Abbaltii Gahuumsa

Karoora Qabiyyee

Qormaata Dambii

Shaakala:

- Dubbisa saayinsii uumamaa keessatti jechaata sadarkaa lammaffaa jechuun maal jechuudha?

3. Jechoota sadarkaa sadaffaa gosa barnootaan

Jechoota sadarkaa sadaffaa jechuun jechoota baay'inaan gosa barnootaa tokko keessatti itti fayyadamnu jechuudha.

Keemistrii	Fiiziiksii	Baayooloojii
Koompaawundii	Guula	Saayitoopilaazmii
Maatarii	Qaxxaamuura	Footooseeteesi
Moolii	Maagneetti	kaappilaarii

Shaakala:

- K/barataa mee ati immoo jechoota kana fakkaatan dabalataan tarreessi.

5.2. Dubbisa Kitaabolee Saayinsii uumamaa keessatti

Dubbisni kitaabolee saayinsii koolleejjii keessatti dhiyaatan sadarkaa 12+ fi isaa oliin dubbifama. Tooftaalee saayinsii uumamaa dubbisuuf gargaaran .

a. Ariitiin hin dubbisiin

Yeroo kitaabolee asoosamaa dubbiftu ariitiin qabxiilee xiyyeeffannoo hubachaa deemuu dandeessa. Garuu *kitaabolee saayinsii dubbisuun waan hundaa isaa hubachuuf xiyyeeffannoo guddaa barbaada.*

b. Xiyyeeffannoon dubbisi (Read carefully)

Kitaabolee saayinsii yemmuu dubbiftu odeeffannoon *hundi isaanii walitti hidhamoofi hubachuuf xiyyeeffannoo guddaa* kan barbaadanidha.

c.Boqonnaalee tokko tokkoon yeroo hedduu irra deddeebi'I

Dubbisa saayinsii uumamaa keessatti boqonnaa tokko erga irra deddeebitee dubbiftee booda boqonnaa itti aanutti darbuun irra deddeebi'uun dubbisi.

Dubbisa dura yoo goote, yeroo od-ibsaa odeeffannoo hedduu wa'ee mata-duree sanaa hubachuu dandeessa. yeroo lammaffaaf gad-fageenyaan dubbisuun, *hubannoo waa'ee mata-duree sanaa* argatta. Yeroo sadaffaaf yoo keessa deebite, *jechoota xiyyeeffannoo, hiikkaafi yaad-rimee tokko tokko barreessi*.

d.Akka dubbisteen, deddeebi'ii shaakali, ofitti haasa'i, sagalee olkaasii dubbisi

Waanta dubbiste jechaan ibsaa fakkeenyota adda addaa hubannoo kee guddisan fudhadhuu shaakali.

e. Jechoonni saayinsaawoofi iddoo bu'eewwan hiikkaa adda qabu

Akka jechootaafi yaad-rimeewwan haaraa argatteen, dubbisuun akka yaada mataa keettii fi jecha mataa keetti hiikkadhu. *jechoota jala sararaman hiika isaanii jecha mataa keetti akka yaadachuu dandeessutti barreessi*.

f. Diyaagiraamota, giraafii fi chaartiilee sirritti qayyabadhu

- Isaan kun *odeeffannoowwan bu'a qabeessa gudunfuuf* gargaaru.

g. Akka dubbisteen barreessi

- Dubbisaa si'ataa ta'uu qabda
- Jechootaafi gaaleewwan barbaachisaa ta'an jala sarari ykn gurraachessii barreessi.
- Yaada gudunfaa iddoo xiyyeeffannaa keessatti tartiibessi

h. Gaaffilee fi piroobileemota dhuma boqonnaa irraa deebsi ykn furi.

- *Kun battalleefi qormaata deebisuuf shaakala gaarii dha.*

i. Odeeffannoo hundaa qayyabachuuf waraqaa qayyabannaa fayyadami.

- *Battallee* tokko tokko akka qabxiilee xiyyeeffannoo yaadattuuf *qorami*. Kun *maal akka hubattee fi maal akka irra deebi'uu qabdu si yaadachiisa*.

j. Jechoota, hiikaalee, foormulaawwanii fi yaad-rimeewwan barbaachisoof

- Filaash kaardii fayyadami
- Garee qayyabannaa uumuudhaan ykn hiriyyaan kee hamma ati waa'ee mata duree sanaa hubattutti si haa qoru.

5.3. Adeemsa dubbisa kitaabolee saayinsii Uumamaa keessatti

Adeemsonni bu'uuraa dubbisa kitaabaa gosa barnootaa hundaa keessatti walfakkaatoo dha. Isaanis, *dubbisa duraa, si'aayinaan dubbisuu/dubbisa xiyyeeffannoo fi irra deebi'anii dubbisuu* dha.

1.Dubbisa duraa (preview)

Kaayyoon dubbisa duraa haala qindoominaa fi yaad-rimeewwan kitaaba sanaa waliin walbaruuf dha. Kunis *yeroo gabaabaa fi saffisaan* kan raawwatu dha. Dubbisni duraa kun **mata dureewwan gurguddoo, yaada irra deebbiifi qabxiilee xiyyeeffannoo** argachuuf gargaara.

2.Dubbisa xiyyeeffannoo (Active reading)

Akka irra deebitee dubbisteen, hiikaaleefi qabxiilee ijoo qabachaa deemi. *Jalqaba*, keeyyata tokko keessa akkamiin akka deemtu,"hiiktuu" hubachaa deemuu qabda. Sadarkaa kana irratti barattoonni tokko tokko qabxiilee ijoo kitaaba sanaa jala sararu. Kaan immoo yaadannoo mataa isaanii qabatu, kan biroon ammo yaada dubbisan kan yeroo od-ibsaa qabatan waliin wal-simsiisaa deemu.

3.Irra deebi'uu (review)

Waanta dubbisan irraanfachaa deemuun adeemsa uumamaati. Kanaaf furmaanni isaa, ***irra deddeebi'anii dubbisuun fala*** dha.

Yoo daftee irra deebite salphaatti qabatta yoo turtee irra deebite immoo yeroo dheeraa fudhachuu danda'a. Adeemsa kana keessatti waanti hojjechuu qabdu.

i. Yaad-rimeewwan dursa qabachuu (concepts Frist)

Dursa yaad-rimeewwan hubachuu kee adda baafachuun booda gad-fageenyaan yaadicha qabachuu qabda. Qabxiilee ijoo irratti xiyyeeffachuun yaadichi sammuu keessa yeroo dheeraaf akka turuuf gargaara.

ii. Ibsa yaadota ijoo tartiibessuu

Kitaaboleen saayinsii qabiyyee bal'aa qabu. Tooftaalee adda addaa akka sadarkaa kanaatti ibsa gadi fageenyaa kan baayyee barbaachisaa ta'e irraa ka'uun fayyadami. *Qabxiilee yeroo od-ibsaa irra deddeebitee dhageesse irratti xiyyeeffadha.* **Gaaffilee fuula dhumaa irratti gaafataman ilaaluun yaadota ijoo xiyyeeffannoo** barbaadan adda baafadhu.

iii. Waanta mul'ataa irratti xiyyeeffadhu (Focus on Visuals)

Chaartiifi danaan kitaaba keessaa agareen waan mul'ataniif, walitti hidhama cimaa waan qabaniif jechoota malee qabiyyee barachuuf gargaaru. Danaalee fi fakkiiwwan sirriitti sakata'uun, hiikaa danaalee sirritti dubbachuu qabda.

5.3.1.Tooftaalee yoo qabiyyee tokko sirriitti hubachuun rakkisaa ta'e hordofamuu qabu

a. Qabiyyee walxaxaa dubbisuun dura kan salphaatti barreeffame dubbisuu.

- Kitaabolee durii akka koorsii dursaatti ilaaluun, kitaaba wabii dubbisuun ykn sarara "internet" irraa dubbisi.
- Kitaaba sana si'a lamaafii achii ol dubbisi. Guyyaa itti aanus irra deebi'ii dubbisi. Sana booda yaadichi sammuu keetti siif fudhatama.

b. Sagalee ol-kaasuun dubbisi. (kun nama hundaaf hin hojjetu)

- Kitaaba sana keessaa barataa hiriyyaa kee, tutoorii kee ykn barsiisaa kee waliin keessa deebi'i.

c. Waanta dubbiste yaadachuu

- Irra deebi'uun, chaartii fi fakkiilee fayyadamuun yaada ijoo akka yaada mataa keetti qabiyyee sanaaf barreessi.
- Deebi'ii iddoo irraanfatte itti guuti.Kana immoo hamma sirritti yaadattee

  barreessitutti itti fufi.

Gaaffilee Qabiyyeewwan Gosa Barnoota Adda Addaa Keessatti Dubbisuu Barsiisuu /Kutaa Saayinsii Uumamaa (*Afor-301)*

I. Himoota armaan gadii kan sirrii ta'e "Dhugaa" kan dogoggora ta'e immoo "soba" jechuun deebisi.

1.Jechoota sadarkaa sadaffaa kanneen jedhaman gosa barnootaan kanneen yeroo baay'ee itti fayyadamnudha.

2.Adeemsi bu'uuraa dubbisa kitaaba gosa barnoota hundaa keessatti walfakkaatoo- dha.

3.Kitaabilee Saayinsii yemmuu dubbiftu ariitiin qabxiilee xiyyeeffannoo hubachaa deemuu ni dandeessa.

II. Kanneen 'A' jalatti argaman Kanneen 'B' jalatti argaman waliin walitti firoomsi.

A	**B**
1.Akka dubbisteen barreessi	A.Odeeffannoo bu'aa qabeessa gudunfuuf
2.Gaaffilee fi piroobileemota hojjechuu	B.Dubbisaa si'ataa ta'uu qabda
3.Diyaagiraamota, Giraafii fi Chaartii	C.Qabxiilee ijoo yaadachuudhaaf battallee qorami
4.Jechoota Saayinsaawaa fi Iddoo	D.Battallee fi qormaata deebisuuf shaakaladha
bu'eewwan	E.Akka yaada kee fi jecha mataa keetti hiikkadhu
5.Odeeffannoo hunda qayyabachuuf	F.Sagalee ol kaasuun dubbisi

III. Gaaffilee armaan gadiif qubee deebii sirrii ta'e qabate filachuun deebisi.

1.Adeemsa dubbisa kitaabolee Saayinsii Uumamaa keessatti kan **hin** hammatamne kami?

A.Akka dubbisteen barreessi C. Si'aayinaan dubbisuu

B.Dubbisa duraa D. Irra deebi'anii dubbisuu

2.Kanneen keessaa kamtu adda? A.Seelii C. Maaterii

B.Dhiiga raabsituu D. Footooseentesisii

3. Kanneen keessaa tooftaa dubbisa saayinsii Uumamaa kan **hin** taane kami?

A.Ariitiin hin dubbisiin C. Gaaffilee fi piroobileemota hojjechuu

B.Xiyyeeffannoon dubbisi D. Deebii hin qabu

4.Kanneen keessaa kan yeroo gabaabaa fi saffisaan raawwatuu qabu kami?

A.Dubbisa xiyyeeffannoo C.Irra deebi'uun dubbisuu

B. Dubbisa duraa D. Deebiin hin kennamne

5.Qabiyyeen tokko sirriitti hubachuuf yoo nurakkisaa maal gochuu qabna?

A.Hiriyyaa kee ykn barsiisaa kee waliin keessa deebi'i.

B.Qabiyyee walxaxaa dubbisuun dura kan salphaatti barreeffame dubbisuu

C. Irra deebi'uun, chaartii fi fakkiilee fayyadamuun qabxiilee ijoo qabadhu.

D. Hundi deebii ni ta'a

6.Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa dubbisa duraa kan **hin** taane kami?

A.Mata dureewwan gurguddoo argachuuf C. Qabiyyee xixiqqoo argachuuf

B.Yaada irra deebbii argachuuf D.Qabxiilee xiyyeeffannoo argachuuf gargaara.

7. Kanneen keessaa adeemsa irra deebi'uun dubbisuu kan **hin** taane kami?

A.Yaad-rimeewwan dursa qabachuu C. Ibsa yaadota ijoo tartiibessuu

B. Dubbisa xiyyeeffannoo D.Waanta mul'atu irratti xiyyeeffachuu

8.Jechoota, hiikaalee, foormulaawwanii fi yaad-rimeewwan barbaachisoo dubbisuuf ,

A. Filaash kaardii fayyadami

B.Garee qayyabannaa uumuudhaan

C. hiriyyaan kee hamma ati waa'ee mata duree sanaa hubattutti si haa qoru.

D.Hundi deebii ni ta'a

- **Deebii Gaaffilee Armaan Olii.**

I. Dhugaa ykn Soba	**II.Firoomsii**	**III.Filannoo**
1.Dhugaa	1. B	1. A 6. C
2.Dhugaa	2. D	2. C 7. B
3.Soba	3.A	3. D 8. D
	4. E	4. B
	5.C	5. D

5.3 Dubbisa Kitaabilee *Barnoota* Hawaasaa

Galmi barnoota hawaasaa inni guddaan akkaataa barattoonni dubbisaniifi haalan xiinxalan barsiisuudha. Waan kana ta'eef lammii duursee waa hubatuufi hojii keessa galuu danda'u uumuu ta'a. Haaluma kanaan barsiisonni *barnoota* hawaasaa dhimmamuun barattoota dubbisuuf daree isaanii keessatti tattaaffii godhan gargaaraa jiruu?Gaaffii kana deebisuuf gaaffilee walduraa duuba qaban lama deebii itti kennuun barbaachisaa ta'a.

1. Maaliif kitaabileen *barnoota* hawaasaa yaadota isaanii walitti qabuun garmalee ulfaataa ta'e?
2. Haala kamiin barattoonni dandeettiifi tarsimoo maaliin ogeessa dubbisa seenaa ta'uu danda'uu?

Haala qabatamaatiin "Carlos Hernandez" maal hojjachuu barbaade? Yeroo ammaa kana barsiisoonni baay'een akka bira gahanitti barattoonni garmalee kitaabilee isaanii akka isaanii galutti hubachuu hin dandeenye. Maalumaafuu jarreen kun akka nama biyya alaatti afaan Ingiliffaan kan dubbatan yookin immoo dubbisuuf kan qabsaa'aniidha. Isaan kun meeshaalee sirna barnootaa dubbisuu danda'anii miti. Sababni isaa barsiisonni *barnoota* hawaasaa harki caalan isaanii dubbisa barsiisuu irratti leenjiin qaban baay'ee xiqqaa *kan qaban*yookin kan hin qabneedha.

Barattoonni mana barumsaa giddugaleessaafi sadarkaa lamaffaa odeeffannoo kitaabilee isaanii keessaa dandeettii beekuu dhabuun rakkoo isa bira darbuun hin danda'amneedha.

5.3.1 Maaliif kitaabileen *barnoota* hawaasaa dubbisuun baayyee ulfaataa ta'e?

Barattoonni kitaabni *barnoota* hawaasaa ni ulfaata jedhanii maalif akka yaadan sababoota hedduutu jiru.

- ✓ Dhimmi inni guddaan barattoota har'aa akka kitaabilee har'aatti walbira qabanii ilaaluu.
- ✓ Barattoonni baay'een barnoota seenaa irratti yaada dogoogoraa qabachuun akka waan dulloomaafi namoota du'an qayyabataniifi jireenya gara fulduraa isaanitiif faayidaa hin qabneetti itti dhagahama.
- ✓ Qo'annoon sammuu yeroo gabaabaa akka agarsiissuutti barattoonni bu'aa gadifageenyaan hirmaachuu, barachuufi sammuutti qabachuu irratti akka qaban (Jensen, 1998; Sousa, 2001, Sprenger, 1999) eeraniiru. Kanarraan kan ka'e barnoonni hawaasaa yemmuu barsiisamu akka galma ta'eewwan darbaniitti qofa malee akka dhimmoota yeroo si'anaa waliin ilaallamuu hin qabu.

- ✓ Barsiisoonni yaada barattoota xiyyeeffannoo keessa galchuuf dhamaatii kana hin jedhamne raawwachuu qabu.
- ✓ Barsiisonni yemmuu kitaabilee filatan kan isaan ilaaluu qaban kitaabota ta'eewwan yeroo ammaa wajjin hidhata qabaniifi gilgaalota barattoota hojii keessa galchuu danda'an ta'uu qaba.

Dhimmoota Dubbisa Kitaabilee *Barnoota*Hawaasaa Irratti Dhiibbaa Fidan

- ❖ Barattoonni **haal-duree beekumsa** yaad-rimee kanneen akka aadaa biyya alaa, ummata, iddoowwaniifi barootadarbanii qabachuu dhabuu danda'u.

Haal-dureen beekumsaa(prior knowledge) hirmaannaafi yaada waliigalaa qabaachuu barattootatiif furtuu isa murteessaadha. Akka "Alexander" fi "Murphy" (1998) eeranitti jiraachuun beekumsa bu'uura barumsa fuulduraa hundaafis ta'ee dhaabbattoota bakka bu'aa ta'an qajeelchuufis ni gargaara. Akkasumas **bu'uura gamtoominaa**kanneen akka odeeffannoo haaraafi muuxxannoo haaraa hunda barachuufi calaluuf tajaajila.

- ❖ Kitaabileen *barnoota* hawaasaa **odeeffannoo bal'aa** of keessaa qabachuu.

Keessattuu kitaabonni mana barumsaa giddugaleessaafi sadarkaa lamaffaa fuula ***baay'ee*** kan ***qaban***ta'u kanneen akka wantoota qabatamoo ta'an, ragaalee istaatistiksii, gaaffilee, gilgaalootaafi fakkiwwan giraafiidhan walqabataniifi kkf. Barattoonni yaad-rimee isa kam irratti xiyyeeffachuu akka qabaniifi isa kam sammuutti hunda caalaa qabachuun gaarii akka ta'e beekuun ulfaataa ta'ee argama.

- ❖ Sababa garmalee baay'ina odeeffannootin barsiisonni ariiffannaadhaan waan barsiisan xumurachuuf yeroo itti dhiphataniifi ***gubba-gubbaarraa*** barsiisaniidha.

Haalli kun immoo hirmaannaa, hubbannaafi beekumsa gabbiffannaa barattootaa irratti gufuu ta'ee argama.

- ❖ Kitaabonni barnoota hawaasaa wanta yaada walxaaxoo ta'an kan akka ***maxantuu boodatiin*** (suffix: izm (ism)) guutamuu. Fakkeenyaaf, "racism, sexism" fa'a.

Barataan yaada ijoo ta'an kan hin hubane fakkeenyaaf Impeeriyaalizimii ykn Buddizimii kan hin hubane waa'ee yaadaijoo boqqonnaa kanaa hubachuu hin danda'u.

- ❖ Kitaabonni barnoota hawaasaa hiika jechoota qabiyyeen isaa ifa ***hin taanee***fi hiika murta'aa kan seenaa yookin kan bulchiinsaadha qabaachuu.

Barattonni yoomuu barataan hiika jechootaaf yeroo ni barbaadu. Haata'u malee hiika jechoota adda addaa barbaadu keessatti muuxannoo akka horataan ni beekama, (Stahal and Faribaks, 1986).

- ❖ Barattonni hawaasaa xiqqoo ta'e keessa dhufan dhimma seenaa biyyaafi imaammata jiru keessatti hirmaachuu keessatti of qusachuu.

Kitaaba murtaa'e keessatti barattonni xiqqoon tarii haala aadaan isaani itti ibsame karaa faallaa ta'een ilaalu ni danda'u. Fakkeenyaaf haala garbummaan Afriikaa-Ameerikaa itti gaggeeffamaa ture aadaa isaa kan hin calaqisiifne ture.

Kitaabni barnootahawaasaa kan ittiin *ilaallamuu*fi kan ittin madalamuu sadarkaa barattoota yeroo hundaa akka isaan waa'ee *odeeffannoo* hubataniifi xiinxalan, ogummaa *odoo* hin hubatiin jiraniif, yaada *waliigala* akka itti hubataniif ni gargaara.

Kitaabni barnoota hawaasaa dandeetti waa hubachuufi yaada waliigalaa hiika *dhiphina* kitaaba *barnoota* hawaasaa waa'ee umuriifi dandeetti dubbisuu barattoota irratti kan hojjetuudha.

Barattoonni dargaggoota ta'an yeroo hunda waa'ee seenaa tokkoo karaa gababaa ta'een seenaa isaa ibsuun bira darbuu ni barbadu. Garuu barattoonni bilchaatonni dandeetti dubbisuu qaban waa'ee seenaa tokko sirritti gad-fageenyaan hubatan bal'inaan waa'ee ta'eewwaan darban sanaa ibsuufi sababoota ta'eewwan san wajjin walitti hidhataan adda baasuun ibsuu ni danda'u.

Qabsoon kitaaba dubbisttootaa yeroo hundaa **hiika jechootaa barbaadu qofa duwwaa miti**. Barattoonni gar-biraan immoo **sirritti dubbisuu qofa miti**. Garuu, haala qabatamaa dhugaa wajjin walqabsiisanii ilaalu malee, akkataa barreessaan seenaa sana ittin ibsuuf yaale qofaa miti.

5.3.2 Bu'urri bubbisuu barnoota hawaasaa kan inni irratti hunda'uu qabu

Dandeetti sirritti dubbisuu warri qaban,**tooftaa adda addaa barnootakamiyyuurratti calaqisiisuu** (agarsiisuu) ni danda'u. Warri sirritti dubbisuu danda'aan tooftaa ittiin dubbisan qaban hubannoo **yoomii**fi **eessatti** akka **faayyadamuu danda'an** ni beeku.

-**Dandeetti sirritti dubbisuuwarri qaban** tooftaa ittin kitaaba:

- duursanii ittin dubbisan,
- yeroo itti dubbisaniifi
- booda ittin dubbisan **beekuun** hojjirra oolchuun itti ni fayyadamu.

Chaartiin 1.1 irratti ibsame sirritti warra dubbisuu danda'aniifi warra sirritti dubbisuu hin dandeenye kan ibsuudha. Kunis akka Carlos, akka dubbisan qopheesserratti kan hunda'uudha.

Warra sirritti dubbisuu hin dandeenye

- Hiika jechootaa fayyadamuun gareessu irra, jechoota walitti hammaaree yaada ijaaruuf dhama'u.
- Jechoota hin beekamne irra utaala hiika jechoota kanaa sirriitti hubachuuf irra deebiin hin dubbisu.

- Yaadota barreeffamicha seenessan malee haala ijaarsa odeeffannoo garaagaraa barreeffamichaa hin hubatu. Barachuufis in fayyadamu.
- Ibsitoota namootaa, iddoowwaniifi ta'eewwan barreeffama sana keessatti beekamoo (barbaachisoo) ta'an ***ni*** hirranfatan/***odoo samuutti hin qabatan hafu.***
- Odeeffannoo ibsuuf barbaachisoo kan ta'an kan akka kaartaa, giraafotaafi chaartiwwan ilaalanii hubachuuf fedha hin qabani.
- Tarsiimolee yartuu ykn xiqqoo kan akka ijaarsa barreeffamichaa, xiinxala ijaarsa isaafi ibsa odeeffannoo yammuu yaadni barreeffamichaa dhokatu fayyadama.
- Kitaabicha altokko qofa dubbisa yoo barreeffamicha hubachuu dadhabe ykn "dubbisuu" itti fufa ykn addaan kuta.
- Ta'eewwan ijoo osoo hin taane oduuwwan kitaabicha ykn barreeffamicha miidheksuuf dhiyaatan qabata.
- Maddoota jalqabaa barreeffamichaa ykn jechoota dullomaniifi amma hin tajaajille akkamiin akka barreeffaman hin hubatu.
- Dhugaa barreeffamicha sakatta'uuf dubbisuu malee yaada barreessa sanaa irratti gaaffii hin dhiyeessu.

Warra sirritti dubbisuu danda'an

- Jechoota gaaleetti garreessanii hima hiika guutuu qabu uumu.
- Jechoota ifa hin taaneef barreeffama sana irratti hundaa'un sakatta'uun hiika isaanii mirkaneeffatu.
- Jechoota ijoo ijaarsa barreeffamichaa ibsan kan akka sababaa/bu'aa ykn miidhaa, rakkoo/fala, walitti hidhamsa isaanii hubatu, kanas hiikaaf itti fayyadamu.
- Ibsitoota barbaachisoo ta'an yaadon muldhisu, sammuu keessatti suurratu, kan suurratan sana ibsa kitaabichaa waliin irra deddeebiin qoratu.
- Odeeffannoo ijoo kitaaba sanaa hubatanii ofiisaanis deebisanii ibsuun ibsa kitaabicha waliin mirkaneeffatu.
- Tarsiimolee hedduu yaadota walitti fiduu qabu. Kanas yeroo ibsi barreeffamaa dhokatu sirriitti fayyadamuun yaadota walitti fidu.
- Barreeffama hubannoon to'atu yoomiifi eessatti yaadni barreeffamichaa akka dhokate mirkaneeffatu. Caalaatti hubachuuf irra deebiin dubbisu.
- Ta'eewwan ijoo kitaabichaa adda baafatanii qabatu. Ibsoota dabalataan kennamaniiffi ta'eewwan ijoo adda baasu.
- Maddoota jalqabaa barreeffamichaa hubatanii tarsiimolee jechootaafi ibsa barreeffamaa hojiirra oolchuun jechoota dulloomaniifi amma hin tajaajilee adda baasu.
- Yaada tilmaamu, duba-duubeefi ilaalcha walxaxaa barreessaa sanaa irratti gaaffiilee walitti fufiinsa qabu dhiyeessu.

Dubbistoonni cimoon (sirriitti kan dubbisan) barreeffama kenname dubbisuun erga xumuranii booda wanta dubbisan calaqqisuu eegalu. Dubbistoonni kun bakka ifa hintaaneefi isaan shakkisiisu hanga mirkaneefatanitti irra deebiin dubbisu. Dubbistoonni cimina qaban kun duudhaafi dhugaa qabatamaa qabxiilee ijoo odeeffannoo barreeffamichaa irratti gaaffii eegalu, falmu. Dubbistoonni kun maddoota gaafachuun mata duree sana irratti qorannoofi qo'annoo geggeessuu.

Erga dubbisanii booda garaagarummaa Dubbistoota cimoofi dubbistoota carraqan.

Dubbistoota carraaqan	**Dubbistoota cimoo**
Keeyyata ifa hin taaneef irra deebiin hin dubbisan	Bakka ifa hin taaneef irra deebi'anii dubbisuun hiika isaa hubatu, qalbeefatu
Yaada ijoo barreessaa sanaa hin xiinxalan	Yaada ijoo barreessaa sanaa irratti gaaffiilee dhiyeessu

Chaartiin 1.1. Gargaagarummaa warra sirritti dubbisuu hin dandeenyeefi sirritti dubbisuu danda'an dubbisuun dura

Warra sirritti Dubbisuu hin dandeenyee	**Warra sirritti dubbisuu danda'an**
Dubbisuu akka rakkinaatti kan ilaalani, kufaatiifi bu'aa xiqqaa kan irraa eegatan, waan hundaaf sodaafi yaafama jedhanii kan ilaalan	Dubbisuu akka carraa beekumsa waa'ee addunyaa ittin argataniifi dandeetti ofitti amanummaa mana barumsaafi garee isaanii keessatti ittin argatan akka ta'etti ilaalu.
Yaadonni sirritti deeggaramuu ilaalchi barreesichaa yaada guddunfaa irraa gahuuf kitaabichi hin ibsne	Karaa dhugaafi qabatama kennaman deeggaruu
Kitaabicha akka tartiiba dogogora hin qabne waa'ee wanta qabatamaa seenaa irratti hunda'e akka yaadatamu qabutti ilaala	Yaada guddunfaa barreessaa tokko bira gahuuf dhugaafi hubannoo inni ittiin ibse fayyadamu
Yaada barreesichaa gaafa maddoota biroo filaacha nama dhuunfaa waliin wal bira qabne ilaaluu wanta wal madaaluu miti	Seenaa qabatamaa hiikuudhaaf banama ta'u isaa hubachuu
Maddoota odeeffannootiif xiyyeeffannoo hin kennu akkasumas dhuguma odeeffanichaa hin xiinxaluu	Ilaalcha barreesichaa madaaluudhaan maddotaafi ilaalcha nama dhuunfaa waliin wal bira qabun ilaaluu. Maddota barreesichaa akka ragatti dhiyaatan amanamummaa isaanii madaalu.

Ifatti yammuu guttaman adeemsa dubbisichaa sirritti itti yaadame namoonni dubbisuu yaala jiran dandeettifi tarsiimoolee qaama kitaaboolee keessaa jijjiirama tokko malee gara jechaatti akka jijjiiramu gochuudhaaf gargaaran dhabu danda'u.

Haata'u malee namoonni kitaaba dubbsisan yoo dandeetti kana gonfatan akkasumas yoo sirritti dubbisuu danda'an ammiyyuu sirritti dubbisuu hin danda'an ta'a. Keessumatti kitaaboolee seenaa waliin wal qabata. Seenaa akka hayyuutti dubbisuu jechuun akka qorataa wanta darbee ragoolee hedduu irraa deebi'ee ijaaru yaaluttiidha.

Haala ittiin hayyooleefi hojjettoonni muuxannoo hin qabne kitaaba seenaa dubbisan

<u>HayyooleeHojjettoota muuxannoo hin qabne</u>

Haala ittiin yaadni tokko argamu barbaaduufi qabiyyee isaa beeku	Qabiyyee qofa beekuuf barbaadu
Faayidaan barreefamichaa maal akka ta'e gaafatu	Kitaabichi maal akka jedhu gaafatu
Afaan barreesichaa kan bakka bu'u hubatu	Afaan barreessichaan jechoota jechatti hiikaman hubatu

Kitaabolee hunda akka tolfama addunyaatti ilaalu.	Kitaaboolee akka ibsituu addunyaatti ilaalu.
Kitaabolee kan ilaalani akka namoota hubannoo ta'eewwan qabaniin ummamanitti.	Kitaaboolee akka qabee ta'ee dhugaa mul'achuu danda'utti ilaalu.
Faayidaa qabeessummaa ragaalee kan biroo irra kitaabolee hanga tokko hubatu.	Kitaaboolee akka qabeenya faayidaa qabeessa olaanaa ta'etti fudhatu.
Walmakuu kitaabolee yaaduu.	Kitaabolee keessatti of danda'ummaa,dhuggummaan akka jiru yaadu.
Filannoo himotaa(fudhannaa,moggaasaa)fi fudhatamummaa	Filannoo jechootaafi olkaasuu dhiisu.
Hawwataan dubbisuu,walfudhannaa, dubbistoota sirrii fakkeessuu.	Odeeffannoo heddu argachuuf dubbisu.
Kitaabolee irra deeddeebiin fayyadamu.	Xiinxala kitaabolee,akkuma komputaraa.
G/garummaa hubannoowwan murteessuufi adda addummaa hubannoo,yaadota adda ta'an yookaan mataduree tokko waldorgomsisuu.	Deebii sirri barachuu
Waldhabummaafi waldha'ummaa keessatti fedha argachuu	Waldhibummaa,waldha'ummaa hiikuu yookaan dhiisuu.
Madda barreeffamaa ragaan mirkaneessuu.	Ragoolee qofa dubbisuu.
Dhuggummaa turtiifi ta'ee raggaasisuuf dubbisuu.	Akka wanti dhugaan barbaadamutti dubbisuu.
Dhimmicha beekuuf/murteessuuf akka nama seeratti dubbisuu.	Akkuma nama seeraa dhimma namni tokko raawwate dhaga'e barreessuun dubbisutti dubbisuu.
Shakkiifi walxaxummaa dubbisaa keessatti qulqulleessaafi hubannoowwan waliigalteef beekamtii kennu.	Dhuggummaa barreeffamaa himuufi muraasa isaa hanga danda'ametti beeksisu.

5.3.3 Daree barnoota hawaasaa keessatti dandeetti dubbisuu barattootaafooyyeessuu

Akka waliigalaatti barattoota baay'ee irratti xabayyoonni gurguddoo meeshaalee barnoota hawaasaa sadan barachuu irratti rakkoolee uumuu danda'an:

- **Argamuu kitaabolee**: akka ragaan qorannoo dhiyeessutti barattootnni kitaaba argachuuf akka hudhaan jirutti kaa'a.
- **Rakkoolee akka gosa kitaabaa** – barreeffamoota yaad-rimee ibsan irra,kitaaboolee barreeffamota bal'aa /gos-seenaa barreeffama ta'ee darbee eeru.
- **Hiika jechoota barnoota garee barnoota hawaasaa** keessatti himoonni addaa haala walxaxaa ta'een bakka bu'uun mul'achuu, yaad-rimeewwan dhokataa ta'aniifi yeroo baa'yee barattoonni hin beekne mul'achuu.

Fkn, Manifeest destiinii,Baayikaameeraal leegisleetiiv siisteem,ykn Kilaaymaatooloojii.

Rakkooleen dabalataa kan akka **jechoota walfakkaataa** ta'an haala dur hin beekamneen itti fayyadamuun mulata.

Fkn, Ikkoonoomksii keessatti itti fayyadama kaappitaala jedhu.

Meeshaalee dhugoota hedduu-kitaaba barnoota hawaasaa keessatti, dhugoonniifi ga'humsi kutamanii dhiyaatu.Kanaafuu, hanga meeshaa qopaa'e boqoonaafi qabiyyee uwwusu akkasumas barreeffamoota addaa dhabuu fa'a.

Tarsiimoowwan dubbisuu *barnoota* hawaasaaf fayyadan

Waggoottan darban keessatti, rakkoolee barreeffamoota ***barnoota*** hawaasaa dubbisuu irratti qaban ilaalchisee, barsiisonni tarsiimoowwan heddu qopheessaniiru. Tooftaaleen armaan gadii muuxannoowwan gaggaarii dareewwan hedduuti.

Akkaataa itti fayyadama qaamolee barreeffama ibsaa (expository text) faayidaa qabeeyyii ta'an agarsiisuu.

Barattoonni hedduun amaloota barreeffama "expository" waa hubachuufi barachuuf gargaaran itti fayyadamuu hindanda'an. Barattoonni amaloota faayidaa qabeeyyii ta'an irratti akka xiyyeeffatan gochuun haala itti fayyadama isaanii moodeela qopheessi. Fakkeenyaaf, yaadota ijoo murteessuuf, waa'ee qabiyyee isaa tilmaamuuf, barbaachisummaawwan dubbisuu gooree ta'an qopheessuuf, barattoota dareetti akkaataa itti fayyadama mata-dureewwan boqonnaa, yaada waliigalaa(overviews)fi mata-dureewwan keeyyattootaa(headings) agarsiisuu dandeessa. Yoo gaaffileen gidduu barreeffamichaatti kan ka'an ta'e, barattoonni hubannaa kutaa sanarratti qaban ittiin to'achuuf akka itti fayyadaman jajjabeessi. Yoogaaffileen xumura guutummaa barreeffamichaa booda kan ka'an ta'e, otoo barattoonni barreeffamicha hindubbisiin dura irratti mariisisi.

Agarsiiftuu duree (Adavance Organizer) dhiyeessuu.

Qaamoleen keeyyata tokko tokko barreeffama ibsaa hubachuuf furtuudha. Qaamoleen kunneen sababaafi bu'aa, rakkoofi furmaata, tokkummaafi garaagarummaafi barbaachisummaa tartiiba gubbaadhaa garagadiitti ifaa hammata. Abbaltii dubbisuu otoo hinkenniin dura, caasaa isa kamtu furtuu akka ta'e murteessi. Isa booda, caasaa isa daree keessatti hiika itti kennuun agarsiiftuu duree (advance organizer) dhiyeessi. Waa'ee caasichaa irratti kallattii kan kennan jechoota agarsiisoo (signal words) beekamoo ta'an gabateerratti tarreessi. Fakkeenyaaf, hariiroowwan sababaafi bu'aa yeroo tokko tokko jechoota kanneen akka *sababnisaa, kanarraa kanka'e, kanaaf* tiin akka agarsiifaman ibsiif. Dhumarratti, agarsiiftuu giraafii sirrii ta'e barattootaaf qooduun yookaan hiruun yommuu dubbisan ittiin yaadannoo akka qabatan qajeelchi. Barattoota kee garee dubbisa boodaattis qooduun miseensonni garee waliin ta'uun agarsiiftuu giraafii akka guutan qajeelchuu dandeessa.

Hiika jechootaa barsiisuuf, man-sariitii jechootaa (word web)fi keenyan jechootaatti (word wall) gargaarami.

Barreeffama keessatti barattoonni jechoota haaraa wajjin otoo wal hinargiin dura, man-sariitii jechaa akka armaan gadiitti tarreeffaman barattootaaf barreeffamaan qoodi yookaan hiri: "_____ jechuun maal jechuudha," "_____ n maal fakkaata," "fakkeenyonni _____." Jechicha hiikuun akkaataa fayyadama isaarratti fakkeenyota kenni. Barattoota waliin ta'uun, man-sariitii jechootaa keessatti bakka duwwaa kanneen guutuu jalqabi. Qabiyyee abbaltii dubbisuu keessatti jechi yommuu isaan mudatu, bakka duwwaa man-sariitii jechaa guutuu akka jalqaban barattootatti himi. Keenyan jechootaa uumuun cimsi. Man-sariitiiwwan *jechoota*barattootaa gabatee beeksisaa dareerratti maxxansi yookaan meeshaalee deeggarsaa garee yaad-rimeewwan dhokatoo qabatamaa taasisan, kanneen akka fakkiiwwan qindaa'oo, barruulee yaad-rimee sana wajjin qalqabatan akka barattoonni uuman taasisi.

Beekumsa kanaan dura qaban dadammaqsuuf gahee taphachuufi Chaartii "K-W-L"tti gargaarami.

K = hubannoo ykn beekumsa duraan qaban

W= maal beekuu barbaadan

L = maal beekutuu/barachutuusirraa eegama

Otoo barattoonni jecha yookaan yaadarimee haaraa barreeffamaan walhinargiin dura, yaad-rimee isaa muuxannoo duraan qaban wajjin walqabsiisuun akka isaan gahee taphatan taasisi. Fakkeenyaaf, waa'ee waliigaltee (treaty), haahafu jechuu/*waldanda'uun waliigaluu* (compromise) yookaan jaarsummaa/*araara*(arbitration) barsiisuuf, yommuu miseensonni maatii waldhaban tooftaalee waldhabdee hiikuu itti fayyadaman irratti akka gahee taphatan taasisi. Akka filannootti, **chaartii gadee sadii qabu barattootaaf qooduun** waa'ee yaad-rimee sana hubannoo yookaan beekumsa (K) isaan kanaan dura qaban gaafadhu. Gabatee gurracharratti, jechoota furtuu ta'an itti gargaaramuun deebii isaanii barreessuun gadee jalqabaa chaartiisaaniirratti deebii akka barreessan isaan qajeelchi. Waa'ee yaada rime sanaa barattoonni maal beekuu akka barbaadan (W) yookaan maal beekuutu akka isaan irra jiraatu gaafachuun cimsi. Deebii isaanii gadee lammaffaa chaartichaa keessatti akka barreessan taasisi. Dhumarratti, gadee sadaffaa chaartichaa keessatti barreeffamicha dubbisuurraa kan ka'e waa'ee wanta baratanii (L) jechoota furtuu ta'anitti fayyadamuun akka guutan taasisi.

Kitaabolee hunda akkaa tolfama addunyaatti ilaali.	Kitaabolee akka ibsituu addunyaatti ilaaluu.
Kitaabolee akka namoota hubannoo ta'eewwan qabaniin ummamanitti ilaali.	Kitaabolee akka qabee ta'ee dhugaa mul'achuu danda'utti ilaalu.
Faayidaa qabeessummaa ragaalee kan biroo irra kitaabolee hanga tokko hubachuu.	Kitaabolee akka qabeenya faayidaa qabeessa olaanaa ta'etti fudhachuu.
Walmakuu kitaabolee yaaduu.	Kitaabolee keessatti of danda'ummaa, dhuggummaan akka jiru yaaduu.
Filannoo himotaa(fudhannaa,moggaasaa)fi fudhatamummaa	Filannoo jechootaafi olkaasuu dhiisuu.
Hawwataadubbisuu, walfudhannaa, dubbistoota sirriifi	Odeeffannoo heddu argachuuf dubbisuu.

fakkeessuu.	
Kitaabolee irra deeddeebiin fayyadamuu.	Xiinxala kitaabolee,akkuma komputaraa.
Garaagarummaa hubannoowwan murteessuufi adda addummaa hubannoo,yaadotaadda ta'e yookaan mataduree tokko waldorgomsisuu.	Deebii sirri barachuu
Waldhabummaafi wadha'ummaa keessatti fedha argachuu	Waldhibbummaa,waldha'ummaa hiikuu yookaan dhiisuu.
Madda barreeffamaa ragaan mirkaneessuu.	Ragaalee qofa dubbisuu.
Dhuggummaa turtiif ta'ee raggaasisuuf dubbisuu.	Akka wanti dhugaan barbaadamutti dubbisuu.
Dhimmicha beekuuf/murteessuuf akka nama seeratti dubbisuu.	Akkuma nama seeraa dhimma namni tokko raawwate dhaga'e barreessuun dubbisutti dubbisuu.
Shakkiifi walxaxummaa dubbisaa keessatti qulqulleessaafi hubannoowwan waliigalteef beekumtii kennuu.	Dhuggummaa barreeffamaa himuufi muraasa isaa hanga danda'ametti beeksisuu.

Gaaffilee Shaakalaa

I. Himoota armaan gadi yoo dhugaa ta'an, dhugaa, yoo soba ta'an soba jechuun deebisi.

1. Galmi barnoota hawaasaa inni guddaan akkaataa barattoonni dubbisaniifi haalan xiinxalan barsiisuudha.
2. Barattoonni kitaabilee barnoota hawaasaa akka isaanii galutti hubachuu hin dandeenye ni jiru.
3. Barsiisonni barnoota hawaasaa harki caalan isaanii dubbisa barsiisuu irratti leenjiin qaban baay'ee xiqqaadha.
4. Barattoonni hedduun kitaabni barnoota hawaasaa hin ulfaatani jedhu.
5. Barsiisoonni barnoota hawaasaa yaada barattoota xiyyeeffannoo keessa galchuuf dhamaatiingodhan baay'ee hin barbaachisu.

II. Deebii sirrii ta'e filadhu

6. Dhimmoonni dubbisa kitaabilee barnoota hawaasaa irratti dhiibbaa fidan isaan kami?

A.Barattoonni haal-duree beekumsa yaad-rimeewwan waan adda addaa dhabuu.

B. Kitaabileen barnoota hawaasaa odeeffannoo bal'aa of keessaa qabachuu.

C.Barsiisonni ariiffannaadhaan waan barsiisan xumurachuuf saffisuufi gubba-gubbaarraa barsiisuu.

D. Hunduu deebiidha.

7. Isa kamtu waa'ee warra sirritti dubbisuu hin dandeenyee ibsa?

A. Hiika jechootaa fayyadamuun gareessu irra, jechoota walitti hammaaree yaada ijaaruuf dhama'a.

B. Jechoota hin beekamne irra utaala hiika jechoota kanaa sirriitti hubachuuf irra deebiin hin dubbisu.

C. Dhugaa barreeffamicha sakatta'uuf dubbisuu malee yaada barreessa sanaa irratti gaaffii hin dhiyeessu.

D. Hunduu deebiidha.

8. Isa kamtu waa'ee dubbistoota cimoo hin ibsine?

A. Bakka ifa hin taaneef irra deebi'anii dubbisuun hiika isaa hubatu, qalbeefatu.

B. Yaada ijoo barreessaa sanaa irratti gaaffiilee dhiyeessu.

C. Keeyyata ifa hin taaneef irra deebiin hin dubbisani.

D. Hunduu deebiidha.

9.Haala ittiin hayyooleen kitaaba seenaa dubbisan kan ta'e isa kami?

A. Faayidaan barreefamichaa maal akka ta'e gaafatu.

B. Afaan barreesichaa kan bakka bu'u hubatu.

C. Kitaabolee hunda akka tolfama addunyaatti ilaalu.

D. Hunduu deebiidha.

10. Barattoota baay'ee birratti xabayyoota gurguddoo meeshaalee barnoota hawaasaa barachuu irratti rakkoolee uumuu danda'an kan hin taane:

A. Dhiyeessin kitaabolee barnoota hawaasaa jiraachuu

B. Rakkoolee gosa kitaabilee.

C. Hiika jechoota barnoota garee barnoota hawaasaa.

D. Jechoota haala dur hin beekamneen itti fayyadamuu.

11. Rakkoolee barattoonni barreeffamoota barnoota hawaasaa dubbisuu irratti qaban furuuf tarsiim-oowwan barsiisonni qopheessan kan hin taane isa kami?

A. barreeffama ibsaa faayidaa qabeeyyii ta'an agarsiisuu.

B. Agarsiiftuu duree fayyadamuu dhiisuu.

C. Hiika jechootaa barsiisuuf, man-sariitii jechootaafi keenyan jechootaatti gargaaramuu.

D. Beekumsa kanaan dura qaban dadammaqsuuf gahee taphachuufi Chaartii "K-W-L"tti gargaaramuu.

12.Isakamtu dura raawwatama?

A. hubannoo ykn beekumsa duraan qaban adda baasuu

B. maal beekuu akka barbaadan gaafachuu

C. maal beekuu/barachuuakka irraa eegama gaafachuu

D. hunduu al-tokko raawwatama

Furtuu Deebii

1. Dhugaa 6. D 11. B
2. Dhugaa 7. D 12. A
3.Dhugaa 8. C
4. Soba 9. D
5. Soba 10. A